Irra caalaan Guyyaa aduun itti baatee guyyaa Jum’aati

Abuu Hureyraa odeeffamee -Rabbiin irraa haa jaallatu- Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni isarratti haa jiraatu- akkana jedhan: «Irra caalaan Guyyaa aduun itti baatee guyyaa Jum’aati, guyyaa kana keessatti Aadam uumame, isa keessatti ammas Jannata seensifame, guyyaa kana keessatti irraa ari’ames, guyyaa Jum’aa malee Qiyaamaan hin dhaabbattu».

[sirrii] [Muslimtu gabaase]

Nabiyyiin -nagaa fi rahmatni irra haa jiraatu- irra caalaan guyyaa aduun itti baatee guyyaa Jum’aa akka ta’e himan. Wantoota guyyaa Jum'aa adda godhan keessaa: Rabbiin guyyaa kana keessatti Aadamiin uume, Isa keessatti Jannata isa seensise, isa keessatti ammas jannata keessaa isa baasee gara lafaatti isa buuse, Guyyaa jum'aa keessatti malee qiyaamaan hin dhaabbatu.

http://www.sunnah.global/hadeeth/om/show/3711